Qajeelfama Wabii Talaallii COVID-19 Namoota Dandeettiin Dhibee Ittisuu Isaanii Dadhabaa Ta'e hundaaf

Keessumattuu namoonni dandeettii dhukkuba ittisuu isaanii dadhabe COVID-19 dabalatee infekshinootaf saaxilamoodha. ***Rakkoowwan fayyaa armaan gadii kamiyyuu yoo qabaattan, nama dandeetti dhibee ittisuu giddu galeessaa hanga dadhabaa ta'e qabu jedhamtu, kanaafis doozii talaallii COVID-19 dabalataa irraa fayyadamaa ta'uu maltu.*** **Kuni namoota armaan gadii of keessatti qabata:**

- Kanneen wal'aansa kaansarii xannachootafyookan kaansarii dhiigaa fudhataa jiran
- Kanneen wal'aansa qaama bakka buusuu hojjachiifatanii fi mala dhibee ittisuu gadi qabuuf qoricha fudhataa jiran
- Waggaa 2 darban keessa seelii bu'uuraahojjachiifatan yookin mala dhibee ittisuu gadi qabuuf qoricha fudhataa jiran
- Hanqina dandeettii dhibee ittisuu giduu galeessa yookin cimaa ta'e (kanneen akka DiGeorge syndrome, Wiskott-Aldrich syndrome) qaban
- Infeekshinii HIV cimaa ta'e yookin hin yaalmane qaban
- Kartikoostirooyidii doozii guddaa yookin qorichoota biroo deebii dhibee ittisuu gadi qabuuf fayyadan wajjin wal'aansa fuataa kan jiran

Tarreeffamni kun haalawwan dandeettii dhibee ittisuu hir'isan hunda kan hammatu miti, maaloo doozin dabalataa isiinif faayidaa qabaachuu fi dhiisuu isaa murteessuuf ogeessa fayyaa keessan waliin haasa'aa. Yoo dandeettin dhukkuba ofirraa ittisuu keessan hir'ate, COVID-19 irraa of eeggachuuf doozii meeqa fudhachuuf ulaagaa akka guuttan ilaaluuf chaartii armaan gadii ilaalaa:

Kan fudhattan yoo ta'e...	Garee Umurii	Walfaannee Duraa	DOOZII MONOVALENT DABALATAA fudhachuun qabaa?	Talaallii ITTISA DABALAA argachuu nan danda'aa?
Moderna	Ji'a 6 hanga waggaa 4tti	Dooziiwwan lamaan guyyoota 28 addaan fagaatanii kennaman	Eeyyee, doozin lammaffaa erga fudhattanii guyyoota 28 booda doozin dabalataa fudhachuu qabdu.	Eeyyee, ijoolleen umrii ji'a 6 – waggaa 4 ta'an doozii baayivaalent fooyya'aa kan gosa (biraandii) walitti aanaa jalqabaa isaanii wajjin tokko ta'e fudhachuu qabu
	umurii waggaa 5	Dooziiwwan lamaan guyyoota 28 addaan fagaatanii kennaman	Eeyyee, doozin lammaffaa erga fudhattanii guyyoota 28 booda doozin dabalataa fudhachuu qabdu.	Namoonni umrii waggaa 5 fi isaa olii doozii kakaastuu baayivaalentii fooyya'aa Pfizer yookaan Moderna fudhachuu qaba.
	Umurii waggaa 6+	Dooziiwwan lamaan guyyoota 28 addaan fagaatanii kennaman	Eeyyee, doozin lammaffaa erga fudhattanii guyyoota 28 booda doozin dabalataa fudhachuu qabdu.	Eeyyee, namoota umuriin waggaa 6 fi isaa ol ta'aniif, doozin ittisa dabalaa lachee Pfizer ykn Moderna mRNA haaromfame doozii dhumaa erga fudhatanii ji'oota 2 booda yeroo kan eeggate akka ta'uuf ni gorfama. Namoonni umuriin waggaa 18 fi isaa ol ta'an kanneen ittisa dabalaa duraanii hin fudhanne, yoo ittisa dabalaa mRNA haaromfame fudhachuu hin dandeenye ykn hin fudhanne, erga walfaannee jalqabaa isaanii xumuuranii ji'oota 6 booda ittisa dabalaa Novavax fudhachuuf filachuu ni danda'u..
Pfizer	Umurii ji'a 6 hanga waggaa 4tti	**Dooziiwwan sadi:** Dooziiwwan lamaan jalqabaa guyyoota 21 addaan baafamanii kennaman; doosiin sadaffaa torban 8 booda.	Yeroo kanatti doozin jalqabaa dabalataa hin jiru.	Lakki, dooziin baayivaalent fooyya'aan warra umrii ji'a 6 haga waggaa 4 tahan kan yeroo kanatti walitti aanaa Pfizer jalqabaa xumuraniif hin heyyamamu.
	umurii waggaa 5	Doozin lama guyyoota 21 addaan fagaatanii kennaman	Eeyyee, doozin lammaffaa erga fudhattanii guyyoota 28 booda doozin dabalataa fudhachuu qabdu.	Eeyyee, ijoolleen umrii waggaa 5 kan Pfizer'n fudhatan kakaastuu baayivaalent Pfizer fooyya'aa qofa fudhachuu malu.
	Umurii waggaa 6+	Doozin lama guyyoota 21 addaan fagaatanii kennaman	Eeyyee, doozin lammaffaa erga fudhattanii guyyoota 28 booda doozin dabalataa fudhachuu qabdu.	Eeyyee, doozin lachee Pfizer ykn Moderna mRNA ittisa dabalaa haaromfame namoota umuriin isaanii waggaa 6 fi isaa ol ta'eef doozin dhumaa erga kennamee ji'oota 2 booda yeroo kan eeggate akka ta'uuf ni gorfama. Namoonni umuriin waggaa 18 fi isaa ol ta'an kanneen ittisa dabalaa duraanii hin fudhanne, yoo ittisa dabalaa mRNA haaromfame fudhachuu hin dandeenye ykn hin fudhanne, erga walfaannee jalqabaa isaanii xumuuranii ji'oota 6 booda ittisa dabalaa Novavax fudhachuuf filachuu ni danda'u..
Johnson & Johnson	Umurii waggaa 18+	Ooozii tokko	Eeyyee, talaallii mRNA waliin doozii dabalataa doozii J&J 1ffaa erga fudhattanii guyyaa 28 booda fudhachuu qabdu.	Eeyyee, yeroo kan eeggate ta'uuf, dooziin ittisa dabalaa lachee Pfizer ykn Moderna mRNA haaromfame doozii dhumaa erga fudhatanii ji'oota 2 booda ni gorfama. Namoonni umuriin waggaa 18 fi isaa ol ta'an kanneen ittisa dabalaa duraanii hin fudhanne, yoo ittisa dabalaa mRNA haaromfame fudhachuu hin dandeenye ykn hin fudhanne, erga walfaannee jalqabaa isaanii xumuuranii ji'oota 6 booda ittisa dabalaa Novavax fudhachuuf filachuu ni danda'u..
Novavax	Umurii waggaa 12+	Dooziiwwan lama, guyyoota 21 addaan fagaatanii kennamu	Yeroo kanatti dooziin jalqabaa dabalataa hin jiru.	Eeyyee, namoota umuriin waggaa 12 fi isaa ol ta'aniif, dooziin ittisa dabalaa lachee Pfizer ykn Moderna mRNA haaromfame yookan doozin ittisa dablaa mRNA, doozii dhumaa erga fudhatanii ji'oota 2 booda yeroo kan eeggate akka ta'uuf ni gorfama. Namoonni umuriin waggaa 18 fi isaa ol ta'an kanneen ittisa dabalaa duraanii hin fudhanne, yoo ittisa dabalaa mRNA haaromfame fudhachuu hin dandeenye ykn hin fudhanne, erga walfaannee jalqabaa isaanii xumuuranii ji'oota 6 booda ittisa dabalaa Novavax fudhachuufis filachuu ni danda'u.

Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafataman

Garaa garummaan doozii talaallii dabalataa fi doozii talaallii ittisa dabalaa gidduu jiru maalidha?

Dooziin dabalataa dhukkubsatoota muraasa (gabatee armaan olii ilaalaa) kanneen talaallii walitti fufaa duraanii xumuranii garuu deebii madiinummaa cimaa hin qabneefi.

Doozii kakaastuun eegumsa dabaluu fi/yookaan madiinummaa talaallii walitti fufaa duraanii booda yeroo keessa dadhabaa deeme bakkatti deebisuuf kennama.

Haalonni fayyaa dhukkuba cimaa COVID-19 irraa dhufuuf saaxilama guddaa isinitti fidan maali?

Namoonni umurii kam keessayyuu jiran kan rakkoolee armaan gaditti tarreeffaman qaban COVID-19 baay'ee dhibamuu danda'u.

Talaalliwwan COVID-19 (dooziwwan jalqabaa fi dandeettii dhibee ittisuu dabalan) fi malootni biroo COVID-19 ittiin ittisan barbaachisoodha, addumatti umuriin yoo dulloomtan yookin kanneen as irratti tarreeffaman dabalatee rakkoolee fayyaa heddu yookin cimaa ta'e yoo qabaattan. Tarreeffamni kun rakkoolee fayyaa COVID-19 baay'ee dhukkubsachuudhaf isin saaxilan hunda of keessatti hin hammatu. Rakkoo fayyaa asitti hin eeramne yoo qabaattan, rakkoo fayyaa qabdan akkamitti akka to'attanii fi COVID-19 irraa of eeguf ogeessa fayyaa keessan waliin dubbadhaa.

- Kaansarii
- Dhibee kalee baay'ee cimaa
- Dhibee tiruu baay'ee cimaa
- Dhibee sombaa baay'ee cimaa
- Dhibee sammuu yookin rakkoolee niwuroolojii kanneen biroo
- Dhibee sukkaaraa (gosa 1 yookin 2)
- Boca qaamaa uumamaan sirrii hin taane
- Rakkoo onnee
- Infeekshinii HIV
- Sadarkaa dandeettin dhibee ittisuu dadhabaa ta'uu irra gahuu (dandeetti dhibee ittisuu dadhabaa ta'e)
- Rakkoo fayyaa sammuu
- Ulfaatina humnaa olii fi furdachuu
- Ulfa
- Dhibee seelii dhiiga diimaa yookin talaasemiyaa
- Tamboo aarsuu, amma yookin duraan
- Waldhaansa orgaaniizimii qaama keessaa jabaataa yookin Seelii hidda dhiigaa jijjiiruu
- Istirookii yookin dhibee serebiroovaaskularii, sochii dhiigna gara sammuutti taasisu kan miidhu
- Rakkoowwan wantoota araada namatti fayyadaman fayyadamuu
- Dhibee daranyoo sombaa

Ittisa dabalaan/lachee maali?

Ittisa dabalaan haaromfamaa/lachee COVID-19 foormulaa talaallii gosa vaayirasii koroonaa isa jalqabaa irraa ittisa qaamaa kan guddisu yoo ta'u, akkasumas gosoota haaraa ta'an kanneen namoota amma qabaman keessaa harka caalu irraa kan eegudha. Ittisa dabaloon haaromfaman vaayirasicha irraa eegumsa gaarii ta'e kennuu fi yeroon bu'a qabeessummaa talaallii hir'achaa dhufu furuuf kan yaadamanidha.

Namoonni gariin yookaan garmalee hirdhina madiinummaa qaamaatiin hubaman dooziiwwan kanneen fudhachuuf ajaji hakiimaa yookaan sanadi biraa ni barbaachisaa?

Lakki, namni kamuu bakka talaalliiwwan itti kennaman kamuu deemuun doozii hundumaa adda baafachuun fudhachuu ni danda'a. Kunis hawaasichi qaqqabiinsa isaa akka argatuuf gufuun dabalataa akka hin jiraanne kan mirkaneessudha. Namoonni hirdhina madiinummaa qaamaatiin hubaman haalota fayyaa isaaniin walqabate irratti gaaffilee yoo qabaatan, doozii dabalataa fudhachuun isaaniif kan tolu ta'uusaa dhiyeessaa tajaajila kunuunsa fayyaa isaanii wajjiin mari'achuu ni danda'u.

Talaallii COVID-19 yoon fudhadhe, ammayyuu of-eggannoowwan kan biroo gochuun qabaa?

Eeyyee, talaallii yoo fudhattanillee, bakkeewwan mana keessaa uummanni itti baay'atan tokko tokkotti haguuggii fuulaa uffachuun isin barbaachisuu danda'a. Odeeffannoo dabalataa fuula keenya ***Fuula Gaaffiiwwaan Maaskiiwwan Haguuggiiwwan fuulaa YhGi (Ingliffaan)*** jedhu irratti argattu. Akkasumas, harka keessan yeroo baay'ee akka dhiqattan, fiitii jaha addaan akka fagaattan, akkasumas walga'ii akka daangessitan isin gorsina.

Talaalliwwan COVID-19 sirriitti hojjatu, garuu hojiirra oolman isaa 100% bu'a miti. Namoonni tokko tokko yoodhuma talaallii fudhatan iyyuu COVID-19 dhan ni qabamu. Gosti vaayirasii darbuu danda'u babal'ataa waan jiruuf, tatamsa'ina vaayirasichaa gadi hir'isuuf namoonni hundi of-eeggannoowwan akka maskii godhachuu taasisuun barbaachisaadha.

Gaaffilee dabalataa qabduu? Daawwadhaa: ***doh.wa.gov/covidbooster***

Washington State Department of Health

DOH 825-064 December 2022 Oromo

Sanada kana bifa biraatin gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeelii erga civil.rights@doh.wa.gov.